**Waraabessi bineensa gaaraa yeroo haadhakeefi abbaakee qorxomsee nyaatu yoo agarte, atis waraabessa sana wajjiin foon warrakee nyaattamoo irraa ariitaa??!!**

Hooteelota biyya kana keessatti  qaalominaan beekan keessaa Shaaraatenitti aanee Ilillii International fi Intercontinental Hootel kan jedhamanidha. Hooteloonni kunneen bakkee bashannanaa aangawoota wayyaanee yeroo ta'an nyaataafi dhugaatiin akkasumas gatiin siree isaanii gurraaan dhageetiif illee kan tolan miti.Garmalee ol'aanoodha. Biyya namoonni kuma dhibba shanii ol daandiirra ciisu keessatti, biyya jaarsaafi jaartiin waan dhandhamee bulu dhabee kadhaatti bobba'ee jiru keessatti, biyya uummannishee godinootaafii naannoolee garagaraa keessatti beelaan akka baalaa harca'aa jiru keessatti bakkeewwan akkasitti bashannanuun yakka bira darabee cubbuu guddaadhaleeti!

Yeroo har'aa Oromiyaa keessaa Harargeefi Boorana, Dhiha Baaleefi Arsii keessatti, uummanni hedduun beelaan lubbuun isaanii darbaa jira. Akkasumallee loon hongeen galaafataa jiraachuun kan dirmatuufii dhabamee balaa uumamaa gurguddaa kan akka rooba dhabaatiin rukutamaa jira.

Miidiyaaleen mootummaa wayyaaneefi kan dhuunfaa kan habashootaa lafarraa dhumuu Oromoo waan gammadaniif sagalee saba kanaa gabaasaa illee hinjiran. Miidiyaaleen wayyaanee silaayis quufa Oromoo, badhaadhummaa Oromoo qabsookootiin argame jechuun kijiba afarsu waan saaxiluuf oduun beelaa akka dhagahamu hin haayyamu.

Affaar keessattis kanuma Oromiyaa fakkaatutu gaggeeffamaa jira. Looniifi namoonni beelaan guyyaarraa guyyaatti harca'aa jira. Seenaa biyyattiin ittiin beekamtu beelli walloo irra gahaa ture, kunoo ammas uummmataafii beeyladaa Oromiyaafi Affaar keessatti hammaatee argama. Hongeen dhabama roobaan dhalate ilma namaafi loon  lafarraa haxaayaa jira.

Akkuma Hayile sillaaseen yeroo wayita Walloon beelayee sanyiin namaa fi beeyladaa lafarraa dhabamu, waqtii sanatti qarshii miiliyoona saddeetamaa ol baasee faranjiifi abbootii lafaa yaamee; afeeree guyyaa dhaloota isaa kabajachaa turetti, wayyaaneenis, otoo uummanni keenya beelaan harca'aa jiruu kunoo Obaamaafi diyaaspooraa biyyoota garagaraa irraa baasii guddaa baaftee fiddee hooteelota olitti tuqaman kanneen keessatti wuskii hooqqisaa bulu.

Baasii hundasaa dandeessee konkolaatotaan miseensotashee feetee daawwii jechuun godinoota irra naannessaa jirti.

Wayta kana boba'aa konkolaataaf dirgoon shofeeraa, nyaataa dhugaatiin sireen baasiileen kkf qisaasamee dhangala'aa jira. Hunda caalaa diyaaspooraa kana hundaaf baasiin hundi erga baheefii booda qarshiin 500 diyaaspooraa tokkoof kan kiisii; gatii kophee ittiin qulqulleeffatan jedhamee dirgoon akka kennamuufiis saaxilameera.

Kan hunda caalaa nama dinqu diyaaspooraalee wayyaanee dhufan kanaaf dubartoota hedduu qarshiin bitanii fichisiisuun tokko tokkoo isaaniif dubartoota afuriifi shan ramadanii waan aadaa keessa hin jirre raawwachuu isaanii qofaa otoo hin taane, dubartoota keenya lammiilee qarshii uummataa harkaa qabaniin akka garbaatti bitanii faayidaan sobanii daganii itti taphachuu isaaniiti. Biyya alaatti isin fudhanna jedhanii dubartoota hojii dhabaan biyya keessatti rakkatan kana dhukkuboota daddarbaaf saaxilanii kabajaa isaaniis mulqanii gara maayii isaani basaasummaa isaaniitti deebi'u.

Baay'een isaanii kaayyoon isaanii gatii ittiin diyaaspooraa Oromoo basaasaa kan itti turan maqaa diyaaspoorummaan invest goona jedhanii Qonnaan bulaa keenya lafarraa fonqolchanii badhaasa lafaa wayyaaneerraa fudhachuuf kan dhufanidha.

Lafa kanas ammoo erga fudhatanii booda abbootii qabeenyaa ilmaan habashootaa itti gurguratanii gara basaasummaa isaaniitti deebi'u.

Kanaafis akka ta'u Buraayyuu irraa qofa kunoo abbaa warraa dhibba afurii ol fonqolchanii mana jireenyaa isaanii diiganiiru. Lafa kanas maqaa investimentiitiin isaaniif kennama. Maqaaf akkas haa jedhan malee gatii itti basaasaa turaniif kaffaltii kennamuufii ta'uun ni beekama.

Haala kanaan yeroo diyaaspooraa kanneeniif lafa mana qonnaan bulaa keenyaa diiganii gad lakkisiisanitti Namoonni lama battalumatti wadaroo/haadaan of hudhanii of ajjeesaniiru. Kaawwan isaanii kunoo ammas bakka bultii dhabanii bineesa wajjiin rooba gannaa keessa daa'imman isaanii qabatanii dukkanaafi qabbana keessa bulaa jiru.

Egaa hojiin diyaaspooraa Oromoo kanneen Oromoo gananii wayyaaneef abukaatoo ta'aniis dhugaansaa kanadha.

“Hin bari’u seetee manatti….” Akkuma jedhan hinbari’u guyyaan kun hindarbu jettanii seenaa xuraawaa kanatti kan hirmaachaa jirtan ilmaan Oromoo gowwoomtanii, sobamtanii qaama seenaa fokkotaa kana taatan boodi keessan salphinadha!!

Tarii har’a otoo uummanni keessan beelaan harca’aa jiruu, gochaa isin diina wajjiin raawwattan kun isinitti hindhagahamu ta’a. Bashannana fi afeerraa wayyaaneen farshoon uf wallaaltanii jiruun Oromoo jireenya hooteelota isin keessaa wuskii afeeramtanii, nyaata buuffee afaeeramtanii siree bareedaa irra ciiftan isinitti fakkaachuu danda’a ta’a. Garuu dhugaansaa kana miti. Wanti isin nyaattanii dhugdan kun bor mana fincaanii seena, ibiddi qabsoo warraaksaas miijana irra isin kaayee hundumtuu gatii harka keessan argachuuf teessani!

Oromoon akkuma isin tuuffatan kanatti hin hafu! Dubbii keenya irratti biyyittiin guddachaa akka jirtu warshaalee gurguddoon ijaaramanii akka jiran dhugaa baataniittu garuu nuti warri biyya keessa jirru qeerroon Oromoo gaaffii isin gaafanna, warshaa lafa Oromiyaarra qonnaan bulaan Oromoo buqqa’ee jiruun isaa diigamee ijaaramaa jiru kana keessa Oromoon hojjii dhabdoonni qacaramanii hojjetaa jiruu??

Afaan hojii naannoo Oromiyaa Afaan Oromooti jedhama maqaaf, garuu warshaaleen kun afaan hojii isaanii Afaan Oromootiin gaggeeffamaa?

Warshichi qabeenyummaan isaa meeqansaatu kana saba lammummaan ilmaan Oromoo ta’aniin ijaarame laata?

Deebiinsaa ifa galaadha! Warshichi kana dhaabbate lafa qonnaan bulaa keenyaa irra ta’ullee ilmaan qonnaan bulaaf bu’aa inni fidee dhufe lafarraa fonqoluu, summii xurii achi keessaan namniifi loon isaa faalamuu malee qaxaramanii kan hojjetan ilmaan habashootaa kaaba irraa dhufanidha! Kanneen qacaramanii jiran illee maqaa Oromummaatiin yakkamanii arihatamu, sanuu yoo qacaramanillee waardiyyaafi hojii humnaa namoonni isaanii hinbarbaanne qofa irratti gatii gadi aanaatiinidha!

Daandii biyya keessatti ijaaramaa jiran jechuun kan diyaaspooraan wayyaanee hololan kunis kan salaafaa/liqiin biyyoota dureeyyii irraa fuudhamee sadarkaansaa kan hin eegamne garuu dhalli dhalasaafi liqichi kan dhaloota keenyaaf taa’u yoo ta’u har’aan tanas manneen Oromoo, lafa qonnaa Oromoo dhaalanii daandii irra baasan illee kan konkolaataan irra fiigu Oromoo miti!

Oromoon konkolaataa bitachuu haaturuu waan dhandhamee bulu dhabaa jira! Jireenyi isaanii geeddaramaa kan jiru dabballoota wayyaaneefi aangawoota wayyaanee qofaadha!!

Aangawoota wayyaanee qofaa otoo hintaane abbaa qabeenyaa Hooteela Ilillii kan jedhamu Gamshuus dabalatee qarshii ittiin hooteelli kun ijaarame eessaa akka dhufe hawaasni Oromoo hinbeeku jettaniii yaaddu yoo ta'e gowwoomtaniittu!!…..

Gamshun, gantoota akkasaa aartistoota keessaas aangawoota wayyaanee keessaas ufitti qabatee biyya keessaafii alatti caasaa diriirfatee baandaa diinaaf hojjetu akka ta'e icciitii gabaa keessaati.Hooteelli  Ilillii bakka walgahii icciitii wayyaanotaati, kun ifa galaadha.

Noorway keessa taa'ee aartii Oromoon guddisa jechuun kan aartistoota Oromoo saamaa tureefi jiru Abbaa bakkaalchaa Tv kan uf jedhu Jarjarsoo Hurrisoo irraa jalqabee hanga damee tikaa biyya keessaatti alaabaa wayyaanee uffatanii kan qubatan hooteela Ililliiti.

Feestiivaala wayyaanee isa feestivaala diyaaspooraa jedhame kana irraatti aartistoonni maqaa OromootiIn  qabsaa'aa of-fakkeessuun qaaqaa; daldalaa turan hedduunis ramaddiin isaanii dhugaa adda ba'ee beekameera.

Hariiroo Jorgoo Irraa